

## **Gorsaafi Qindeessaa**

Alamuu Hayiluu

## **To'ataa Qulqullinaa**

Muhaammad Namoo

## **Qopheessitoota:**

Boruu Jiloo

Dajanee Galataa

Darajjee Fufaa

G/Mikaa'eel Abboomsaa

Kumarraa Nagaash

Olaanaa Tashoomaa

## **Seecca'oota:**

Fiqaaduu Qana'aa

Muhaammad Abdoo

## **Giraafiksii:**

Dhaqqaboo Guyyee

Soloomoon Alamaayyoo

Taaddasaa Dinquu

**Baafata****Qabiyee****Fuula**

Boqonnaa 1: Tole Abboo .....	3
Boqonnaa 2: Aadaafi Aad-malee.....	6
Boqonnaaa 3: Hokkola Saree .....	8
Boqonnaa 4: Himan Didduu .....	12
Boqonnaa 5: Hibboo .....	14
Boqonnaa 6: Faaruu Loonii .....	19
Boqonnaa 7: Dabballee.....	22
Boqonnaa 8: Faayaafi Mallattoo Dabballee .....	24
Boqonnaa 9: Faaruu Dabballee .....	26
Boqonnaa 10: Aannan.....	28
Boqonnaa 11: Faaruu Mukaa.....	30
Boqonnaa 12: Gamnummaa .....	32
Boqonnaa 14: Buna Qalaa .....	37
Boqonnaa 15: Eebba Abbbaafi Haadhaa.....	39
Boqonnaa 16: Ollummaa .....	41
Boqonnaa 17: Namicha Galfata Nyaate .....	43
Boqonnaa 18: Siinjee.....	45
Boqonnaa 19: Horooroo.....	48

## Boqonnaa 1: Tole Abboo

### Wayitii: 9

**Kaayyoo:** Dhuma barnoota kanaatti daa'imti;

➤ jaalala Oromiyaaf qabdu taphaan ni'ibsati.

### Adeemsa tapha Tole Abboo

Tole Abboon tapha daa'immanii nama lama lamaan taphatamudha. Tapha kana daa'imni tokko kutaalee Oromiyaa waan isaan ittiin beekaman waliin yoo seenessu, daa'imni lammataa ammoo "Tole Abboo" jedhee jalaa qaba. Wal dorgommiin tapha kana keessa jiru seeneffama kitaaba daa'imaan irratti dhiyaate qomaan qalbeeffatanii osoo adda hinkutiin jechuu danda'uudha. Da'a'imman dabaree dabaree lama lama ta'anii wal harkaa fuudhuun akka taphatan shaakalsiisi.

## Gahee Barsiistuu/saa

Barsiiftuu/saa, jalqaba irratti, adeemsa tapha 'Tole Abboo' kitaaba barataa irratti dhiyaate daa'imman hubachiisi. Itti aansuun, daa'ima tokko filadhuu waliiin tapha kana taphachuun adeemsa tapha kanaa hubachiisi. Sana booda daa'imman of danda'anii tapha kana akka lama laman taphatan taasisi. Tapha kana yoo taphatan jechoota isaan hinbeekne kan naannoo sanatti beekamuun bakka buusii akka salphaatti taphatan gargaari.

Tapha kana barattooni dareettis, alattis, manatti galaniis irra deddeebi'anii akka shaakalan qajeelchi. Ittaansuun kutaaleen Oromiyaa adda addaa maal maaliin akka beekamaniifi barattooni Oromiyaa akka ajaa'ibsiifattu taasisi.

Adeemsa tapha kana keessatti, maal akka irraa hubataniifi dingisiifatan hordofuun qabiyyee tapha sanaa daa'immaniif ibsi. Oromiyaan bal'oo akka taate; biyya jaalalaa, biyya dhugaa, loonii, bunaa, warqee, gootaafi aadaa bal'aa akka qabduufi Finfinneen handhuura Oromiyaa akka taate daa'imman hubachiisi.

Inni biroo gilgaala kennname hojjechiisi. Dabalataanillee, gaaffilee adda addaa qopheessitee afaaniiin gaafachuun yookiin hojjechiisuun qabiyyee tapha kanaa haga isaan qomaan jechuu danda'anitti shaakalsiisi.

Xumura irratti, daa'imman tapha ijoolle Tole Abboo fakkaatu kan naannoo isaaniitti beekan yookiin maatii gaafatanii akka dareetti dhiyeessan taasisi.

Tapha ijoolle biroo taphachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu. Hangina adda baaste, irra deebi'ii daa'imman shaakalchiisi, hubachiisi.

### **Deebbii Gilgaalaa 1**

#### **Gilgaala 1**

1. Dhugaa
2. Eebba angafaa
3. Fardaan
4. Cumboo, micciirraa, buna, damma,

#### **Gilgaala 2.**

Daa'imman tapha ijoolleen naannoo isaaniitti beekan yookiin maatii gaafachuun dareetti dhiyeessu

#### **Hordoffii**

Daa'imni tapha 'Tole Abboo" jedhu qomaan taphachuu danda'uu ishee mirkaneefadhu. Tapha daa'imman fidan keessaa kan fooyyee qabu filadhuu shaakalsiisi.

## Boqonnaa 2: Aadaafi Aad-malee

### Wayitii: 8

Kaayyoo: Dhuma barnoota kanaatti daa'imti;

- gochaalee aadaafi aad-malee ta'an addaan  
nibaafatti.

### **Gahee barsiistuu/saa**

Gochoota aadaafi aad-malee ta'an adda baasii daa'immaniif ibsi. Kanneen aadaa ta'an maaliif akka aadaa ta'an, bu'aa maal akka qaban, adda baasii itti himi. Kanneen aad-malee ta'an, maaliif akka aad-malee ta'an, akkaataa gochoonni sunniin itti nama miidhan, adda baastee ibsuun hubachiisi.

Gochaalee aadaafi aad-malee ta'an kan beeekan akka walitti himan godhi. Aadaafi aad-malee akkaataa daa'imman itti adda baafachuu danda'an hubachiisi.

Achii gilgaalota hojjechiisi. Gochoota aadaa ta'an aad-malee irraa adda baafachuu isaanii si hubachiisa. Jalqaba, dhuunfaan haa hojjetan. Isa

dhuunfaan hojjetan walitti haa himan. Walillee haa amansiisan. Yoo wal amansiisuu dadhaban gargaarii hubachiisi.

Erga adda baafatanii ammoo gochoota biraa aadaafi aad-malee ta'an maatii ykn namoota biraa gaafatanii akka daa'imman dareetti himan godhi. Kun hubachuu isaanii siif mirkaneessa. Dhaggeeffadhuu duub-deebiin akka daa'imni caalaatti hubatan godhi.

### **Deebii Gilgaala 1**

	Aadaa	Aad-malee	
1	B	A	
2	C	D	
3	F	E	

### **Gilgaala 2**

Ibsa barsiisaa, hojji dhuunfaa hojjetaniifi duub-deebii argatan irraa maalummaafi gochoota aadaa ta'an aad-malee irraa akka adda baafatan abdanna.

## Boqonnaaa 3: Hokkola Saree

### Wayitii: 9

Kaayyoowwan: Dhuma Boqonnaa kanaatti daa'imni;

- adeemsa tapha hokkola saree adda ni'baafatti;
- alangeen seera-aangoo akka bakka bu'uu adda nibaafatti.

### Adeemsa tapha Hokkola saree

Hokkolli saree tapha ijoollees gareen taphatamu. Taphni kunis ijoollees sadii yookiin sanaa oliin taphatama. Ijoolleen miila diriirfatani lafa taa'u; isaan keessaa inni tokko "Ammayee Ammayyee!" jechaa shaxxeen miila isaaniirra gara mirgaafi bitaatti oofa. Yeroo kana ijoolleen kaan 'Ammayee' jedhanii jalaa qabu. Erga al-sadii "Ammayee ammayyee!" jedhee quba abguddoo miila mirgaa isaanii qabee miila bitaarra nannaqa. "kun buddeena saree kootiiti hintuqiinaa" jedhee bishaan waraabuu deema. Yeroo deemu, miila tokko ol dachaasee miila tokkoon utaalaa "Hokkola saree" jechaa deema. Tapha kana keessatti ijoolleen dhiiraafi shamarranii walqixa hirmaatu.

"Hokkola saree!" jechaa ulee sana olqabee deema. Al-sadii tarkaanfatee, "Asii waraabuu?" jedhee gaafata. Isaan ammoo, "Booyyeetu itti du'e!", "Harreetu itti du'e!", "Sareetu itti du'e!" jechaa bakka dhokatan barbaaddatu. Yeroo sadii akka hinwaraabne dhorkanii arfaffaatti, "Bishaan qarsaatii warabi!" jedhuun.

Taphachiisaan bishaan waraabbatee wiirtuu yookiin qe'ee ofiitti deebi'a. Wiirtuu sana irraa osoo hinfagaatiin ijoollees dhokatan barbaaduu eegala. Iddoo itti dhokatan yoo arge, ari'ee shaxxee sanaan rukkutuuf yaala. Ijoolleen ammoo jalaa miliqanii wiirtuu tapha isaaniitti galuuf yaalu. Otoo isaan wiirtuu taphaa sana hingaliin ulee sanaan yoo tuqaman ni'injifatamu. Tapha kana keessatti, ulee biraan yokiin harkaan tuquun hindanda'amu.

Namni ulee sanaan osoo hintuqamiin wiirtuu sana seenee taa'e, "Taa'ichoo yookiin Bakka bu'ichoo!" jechuun mo'uu isaa labsa. Kana jechuun bakka sanas ga'anii osoo hintaa'iin shaxxeen tuqamnaan ni'injifatamu. Shaxxeen kun alangee bakka bu'a jedhamee yaadama. Uleen tuquun mallattoo murtii kenuuti; namas ta'e horii alangeen dha'uun aad-maleedha. Sababiin isaa alangeen Gadaa keessatti mallattoo seeraafi aangoo waan ta'eefidha.

### **Gahee Barsiistuu/saa**

Barsiiftuu/saa, jalqaba tapha fakkiilee kitaaba barataa irra jiran ibsi. Adeemsaafi tartiiba tapha hokkola saree da'immaniif ibsi. Tapha kana daree alatti akka taphatan taasisi. Ijoollees sadifi sadii ol akka taphatan taasisi.

Taphachiisaan 'hokkola saree' jechaa bishaan waraabuu deema. ijoolleen wiirtuu sana irraa osoo hinfagaatiin akka dhokatan hubachiisi.

Taphachiisaan ijoollee kaan bakka dhokatanii kaasa. Garuu, erga kaasee akka isaan qe'ee isaa hinfudhanne eeggachuu qaba. Ulee qal'oo sanaan qofa qe'ee irraa ittifachuu danda'a. Kan osoo ulee sanaan hinrukutamiin qe'ee sana seene, ni injifata. Yoo ulee sanaan hunda tuqe, isatu injifata. Yoo namni lama ykn sadii bakka qe'ee seenuu injifatan ammoo abbaan dura seene ni taphachiisa. Sun seera tapha hokkola sareeti. Adeemsa kana ibsiif.

Amma akkaataa taphni hokkola saree itti taphatamu ibsitee jirta; taphni hokkola saree Sirna Gadaan wal qabatu hubachiisi. Adeemsa taphichaa Yoo xiqqaate al-tokko taphachiisi. Taphicha akka taphatan caqasii dogoggora agarte sirreessuun irra deddeebiin shaakalsiisi. Hubachuu isaanii mirkanoeffadhu. .

### **Deebii Gilgaalaa**

#### **Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii deebisi**

1. Ijoollee sadii yookiin sanaa oliin taphatama.
2. Alangeetti fakkeeffama.
3. Sirna Gadaa keessatti alangeen mallattoo seeraafi angooti.

#### **Gilgaala 2**

Tapha daa'imman fidan madaalii xiinxalii akka waa'ee isaa hubatan godhi.

Taphicha shaakalsiisi. Yeroo isaan taphatan hordofii faayidaafi hiika isaa xiinxali. Itti aansuun waan xiinxalte daa'imman hubachiisi.

## Boqonnaa 4: Himan Didduu

### Wayitii: 9

**Kaayyoo:** Dhuma barnoota kanaatti daa'imti;

- miidhaa gorsa diduun dhaqqabsiisu nibaratti;  
nihubatti.

### **Gahee Barsiiftuu/-saa:**

Jalqaba fakkii kitaaba barataarra jiru itti agarsiisi. Maal akka irraa hubatan gaafadhu. Deebii isaanii irratti hundaa'uun, waan fakkii sanaa ibsiif. Waraabessi hallayyaa keessa jiru maaliifi akkamitti akka seene akka tilmaaman gaafadhu. Kan hallayyaa gubbaa dhaabatus maaliifi akkamitti akka biraa hafe gaafadhu. Yaada garaagaraa tilmaamuu danda'u. Tilmaamaa isaanii hubachiisuun seeneffamicha akka dubbisan godhi.

Erga dubbisanii tilmaamni isaanii sirrii moo dogoggora ta'uu akka baran adda baasi. Sana booda, qabiyyee seeneffamichaa ibsiif. Tilmaamni isaanii sirrii kanneen ta'an jajabeessuun; dogoggora kanneen ta'eettis dogoggora ta'uu himi. Isa sirriis ibsiif.

Itti aansuun gilgaalota dhuunfaan hojjechiisi. Deebii isaanii walitti haa himan. Ati hordofii sirreessiif. Balaa gorsa diduu irraa maddu adda baafatanii hubachuu daa'immanii mirkaneeffadhu; hordofii sirreessiif. Iddoo dogoggoruu isaanii hubattetti duub-deebii kenniif.

### **Deebii Gilgaala 1:**

1. Gorsaa nama guddaa diduun miidhaa qaamaafi du'a namatti fida.
2. Gorsa dhaga'uu diiduun rakkoof akka nama saaxilu.
3. Rakkoo jalaa nama baasa, du'a irraa nama baraara, .
4. Yeroof beela'anis hindu'an turan. nyaata biraa barbaaddatanii nyaachuu danda'u turan.
5. Jaarsi muuxannoo qaba, rakkoo fulduratti ga'u dursee beeka;dargaggeessi garuu muuxannoo waan hingabneef .

### **Gilgaala 2: Deebii**

Waraabeyyiin shanan akka hallayyaa hinseenne kan gorse (1)jaarsa waraabessaati. (2) Gorsa didanii waraabeyyiin shanan hallayyaa seenanii achitti dhuman. Utuu (3) gorsa jaarsaa diduu baatanii isaanis, du'a irraa hafu turan. Kanaafuu, gorsa dhaga'uun du'a nama oolcha; hima didduun du'a hindiddu jedhama.

## Boqonnaa 5: Hibboo

### Wayitii: 9

**Kaayyoowwan:** Dhuma barnoota kanaatti daa'imni;

- hibboo taphachuun waa xiinxaluu nishaakalti;
- adeemsa hibboon ittiin taphatamu adda ni baafatti

### Adeemsa Hibboo

Hibboon tapha dorgommii tartiiba mataa isaa qabuudha. Nama yookiin garee lamaan taphatama. Namni gaafatu "Hibboo" jedha. Inni deebisu ammoo "Hibbakka" yookiin "Hibib" jechuun jalaa qaba. Kun taphachuuf walii galuu lameenii mul'isa. Namni deebisu kallattii irraa deebii barbaadu dhififachuuuf "Alamoo mana gala, hinfiigaa hindhiigaa" jechuun fuulcha gaafata. Inni gaafatus itti fuulcha. Kun deebii argachuuf karaa saaqa. Yoo fuulcha kanaan deebii argachuuf dadhabe, biyya yookiin loon kennee akka inni fudhatee hinarrabsine, "afaankee dammaan siqabe, buna afaan si kaa'e!" jedha. Yoo kana hinjedhiin, inni hibboo gaafate biyya yookiin loon fudhatee isa hindhiisu niarrabsa.

## Gahee Barsiiftuu/saa

Boqonnaan kun daa'imni hibboo taphachuun dandeettii waa xiinxaluu akka gabbifattu gochuudha. Kun amaloota wantootaa hubachiisuudha. Adeemsa tapha hibboo ibsuun jalqabi. Jechoota bu'uraa adda baasii iddoofi akkaataa isaan itti galan ibsiif. Akkaataa namni gaafatame deebii itti barbaaduufi namni gaafatu, nama deebisuuf fulucha itti kenuu hibboo kitaaba barataa irratti fayyadamuun taphachiisi.

Itti aansuun, daa'imman lama lama ta'anii akka waliin taphatan taasisi; jajjabeessi. Gilgaalli 1 dabalata fakkeenya kennameeti. Jalqaba akka dhuunfaan hojjetanii bakka duwwaa guutuun tartiiba tapha hibboo hubatan godhi. Achii walitti dhufanii akka taphatan lama lamaan ramadi. Atis yeroo taphatan hordofii hanqinni adda baaste yoo jiraate qajeelchi.

Gilgaala 2 daa'imman lama lamaan taphachuun akka waliin taphatanii deebii walitti himan godhi. Daa'imman daree guutuu lama lamaan qindeessuu yoo dadhabde, tokko tokkoo hibboo lama lamaan taphachuun akka dareetti agarsiisan godhi. Yoo deebii hinbeekne, daa'ima tokkotti himi. Kan itti himame haa gaafatu. Kan itti hinhimamiin deebii haa barbaadu. Kan gaafatu fulucha kennuu, kan deebisu sana gargaaramee kallattii irraa deebii barbaadu dhiphisuu danda'uu qabu. Daa'imman kana gochuu danda'uu hordofii qajeelchi. Akka hibboo taphachuu danda'an godhi. Hanqina hubatte gargaarii fooyyessi; dogoggora irra deebi'ii sirreessii hubachiisi.

Gilgaala 3, deemsa tapha hibboo naannoo isaanii kan beekan yookiin maatii gaafatanii akka tartiiba galchanii dareetti walitti himan taasisi. Atis kana adda baasii hubachiisi. Dandeettiifi beekumsa hibboo cimsachuu daa'immanii hordofii qajeelchi. Xumura irratti, faayidaafi waa'ee hibboo cimsii hubachiisi.

### Deebii Gilgaalotaa

#### Gilgaalaa 1

Gilgaalli kun akka daa'imman deemsa tapha hibboo bifa biraanis shaakalaniifi hubatan gargaara. Kan duraan yokiin boodaan itti aanee dhufu adda baasuun bakka duwwaa guutuu akka danda'an gargaara. Kana hubachiisuun akka daa'imman guutuu danda'an godhi. Yoo guutan deebii mirkaneessiif. Yoo dadhaban deebii itti himii akka tartiiba hibboowwanii lama lamaan shaakalan godhi.

1. Ayyaantuu: Lubbuu qaba moo hinqabu?

Tolashii: Lubbuu hinqabu.

Ayyaantuu: Ala moo mana gala?

Tolashii: Mana gala.

Ayyaantuu: Foksoo

Tolashii: Hinarganne.

Ayyaantuu: Boojjitoor

Tolashii: Hinarganne

Ayyaantuu: Karaan Gibee, naannoo naannoo ... Gundoodha.

Tolashii: Argatte.

2. Boruu: Hibboo

Waaqoo: Hibib

Boruu: Gamaan gaara; gamanaan gaara;  
gidduun farda magaala.

Waaqoo: Lubbuu qaba moo hinqabu?

Boruu: Lubbuu hinqabu.

Waaqoo: Ala moo mana gala?

Boruu: Ala gala.

Waaqoo: Gamaan gaara, gamanaan gaara, walakkaan farda magaala.  
Qe'ee moo hurufa jira?

Boruu: Hurufa.

Waaqoo: Riqicha.

Boruu: Hinarganne. Biyya naa kenni.

Waaqoo: Fudhu.

Boruu: Maal fudhu? Guutii naa kenni.

Waaqoo: Fantaallee siif kenne.

Boruu: Fantaallee hinfudhu.

Waaqoo: Adaamaa fudhu.

## Gilgaala 2

1. Ija
2. Gaadidduu
3. Kormaa lukkuu
4. Funyaan

## Gilgaala 3

Gilgaalli kun waa'ee tapha hibboo daa'imman naannootti beekan ykn maatii irraa gaafatanii dhufan. Taphni hibboo akkamitti akka taphatamu yeroo walitti himan hordofii walitti himuu danda'uu isaanii mirkaneessi. Tapha hibboo naannoo sanaa keessatti wantootaafi tartiiba beekaman yoo ibsuu dadhaban yokiin kan keessaa hambisan irra deebi'ii fooyyessii itti himii hubachiisi.

## Boqonnaa 6: Faaruu Loonii

### Wayitii: 8

Kaayyoo: Dhuma barnoota kanaatti daa'imti;

- faaruudhaan jaalala Oromoon looniif qabu  
nihubatti; nidingisiifatti.

### **Gahee Barsiiftuu/saa**

Jalqaba faaruu loonii kitaaba barataarra jiru sanatti yeedaloo uumuun shaakalsiisi. Barsiisaa muuziqaa wajjiin hojjadhu. Daa'imman barreeffama isaa kitaaba irraa ilaalaan akka si hordofan taasisi.

Erga faaruu sana faarsuu shaakalanii qabiyyee isaa tartiibaan ibsiif. As keessatti, bu'urri dinagdee Oromoo loon ta'uun hubachuufi hubachiisuu barbaachisa. Loon qabaachuun jiruu - jirenya qabaachuudha. Kunis maal maaliin akka mul'atu faaruu kana keessatti ibsamee jira.

Sanaa booda gilgaalota kennaman hojjechiisi. Dhuunfaafi gareen hojjechuu qabu. Daa'imni dhuunfaan hojjechuu qabdi. Waan dhuunfaan hojjette ammoo walitti haa agarsiiftu. Sanaa booda daree keessatti waliin hojjedhaa. Hubachuu isaanii adda baafadhuu duub-deebii kenniif.

**Deebii Gilgaala 1:**

1. irbaata.
2. waancaa
3. xaa'oo
4. dibata
5. finjaala
6. itillee

**Gilgaala 2:**

1. Loon bu'uura jirenya Oromooti. Oromoona loon jaallata. Loon horsiisee elmatee, ittiin qotatee, yoo rakkatellee qalatee ykn gurguratee ittiin jiraata.
2. Loon faayidaa hedduu waan qabaniif Oromoona Loon wayya jedhee faarsa. Fakkeenyaaaf, ameessa irraa aannan elmatanii dhugu; raafataniillee dhadhaa dibatan. Qotiyyoodhaan ni qotatan. Yoo fedhanillee qalatanii foon nyaatan. Gogaan loonii itillee ta'a, irra rafu. Dabalataanille, teepha ittiin fe'atan, harkisaa faa ta'a. Jila keessatti ammoo meedhichalle ni ta'a. Gaafti loonii waancaa ta'a. Kotteen isaa finjaala buna ittiin dhugan ta'a. Dikeen loonii xaa'oo ta'a.

3. Loon irraa faayidaa adda addaa arganna. Fakkeenyaaaf, dhaltiin jabbii namma horti, aannanillee namma baati. Qoitiyyoo qonnaa qotatu. Loon gogaan itillee ta'a, gaafni waancaa ta'a, kotteen finjaala ta'a.

## Boqonnaa 7: Dabballe

### Wayitii: 9

**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaatti daa'imni;

- maalummaa Daballe nihubatti;
- Daballeen maal akka fakkaattu nibaratti.

Gahee Barsiistuu/saa

Jalqaba Fakki kitaaba barataarra jiru daa'immanitti agarsiisuun maal akka irraa hubatte gaafadhu. Sunniin wantoota Dabballe ittiin adda baasan; tokko tokkoo isaanii maqaa dha'uun barbaachisaadha.

Kana booda dubbisa dubbisuun ibsiif. Achii, gilgaala dubbisa keessaa bayan hojjechiisi. Jalqaba dhuunfaan haa hojjetan. Itti aansee, deebii dhuunfaan hojjetan walitti haa himan. Yeroo walitti himan, keessa deemuun to'adhu. Deebii walitti himanis dhaggeeffadhu. Hanqina jiru adda baafadhu. Sana irra dhaabbadhuu, duub-deebii kenni.

Xumurarratti, hojji maatii gaafatanii hojjetan keniif. Waan hojjetanii fidan hordofuun duub-deebii kenni. Osoo boqonnaa kana hinxumuriin, waa'ee Dabballe hubachuu isaanii gaaffilee adda addaa gaafachuun mirkanoeffadhu.

**Deebii Gilgaala 1:**

1. Jalqabaati
2. Aannan obaasan, mata guduranii faayu, hindhaanan, hinbeelessan, hinrifaasisan, sagalee guddaan itti hiniyyan.
3. Guduruu, qomee, elellaan, bilbila, maxaanxee.
4. Hiriyoota wajjiin taphatti.

**Gilgaala 2** Oromoona daa'imman waaan mararfatuuf nikunuunsa. Dabballeen Abbaa Gadaa boriiti; bu'uura sirna Gadaa waan taateef nikunuunsa

## Boqonnaa 8: Faayaafi Mallattoo Dabballee

### Wayitii: 8

**Kaayyoowwan:** Xumura boqonnaa kanaatti daa'imni;

- faayaalee Daballee nibaratti;
- mallattoo Daballee addaan baastee nidinqisiifatti.

### **Gahee barsiistuu/saa**

Jalqaba fakkiifi barreeffama kitaaba barataarra jiru daa'immanitti agarsiisi.

Maalummaa fakkii tokko tokkoon itti himi.

Achii barreeffama ibsuun itti fufi. Barreeffamni akka tokko tokkoon faayaaleefi mallattoo tolfamu ibsa. Sana fakkiin deggaruun walduraan duubaan daa'immaniif ibsi.

Maal akka hubatan akka walitti himan taasisi. Gilgaalas hojjechiisi. Erga dhuunfaan hojjetanii deebii walitti haa himan. Yeroo isaan walitti himan amma hubatan adda baafachuu yaali. Gilgaalota sanneen kutaa keessatti wajjin hojjechuun yoo dogoggoran sirreessii hubachiisi.

Naannoo isaaniitti Dabballeen maal akka fakkaattu yoo beekan ykn maatii gaafatanii akka walitti himan godhi. Mallattoofi mi'a Dabballee addaan baafachuu daa'immanii hordofii dogoggiori yoo jiraate qajeelchi.

### **Deebii Gilgaalaotaa**

#### **Gilgaala 1**

1. Guduruu dheereffachuu, elellaa mataa irratti hidhachuu, maxaanxee mudhii irratti hidhachuu, bilbila morma irratti godhachuufi faccee harkatti hidhachuudha.
2. Elellaan.
3. Elellaan, bilbila, callee, kittaafi maxaanxee

#### **Gilgaala 2**

Faayaafi mallattoo daa'imman naannoo isaaniitti godhatan kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti walitti yoo himan sirriidha. Atis deebii isaanii hordofii dogoggora jiru sirreessi.

## Boqonnaa 9: Faaruu Dabballee

### Wayitii: 9

**Kaayyoo:** Xumura boqonnaa kanaatti daa'imni,

- mararfannaan Gadaan Daballeef qabu faaruu irraa ni hubatti; nidingisiifatti.

### **Gahee barsiistuu/saa**

Faaruun Dabballee kitaaba barataa irraa jiru Karrayyuu fudhatame. Fakkiin deggeramee waan jiruuf, fakkii itti agarsiisuun shaakalchiisi. Yeedaloo faaruu sanaa hordofii kutaa keessatti faarsiiif. Yeedaloo isaa sirboota Karrayyuu irraa maddisiisi. Barsiisaa muuziqaa wajjin mari'adhu. Isaanis si hordofanii akka faarsan taasisi.

Erga faaruu dhaggeeffatanii, maal akka irraa hubatan akka walitti himan taasisi. Jechoota faaruu sana keessa jiran hiikiif: lasoo (daa'ima, dhalattuu, lallaftuu, malqa, duudduu), sillaa (silga, aannan duraa, aannan jalqabaa), kichallaa (kichuu), malqaqqaa (daa'ima).

Sanaa booda, gilgaalota hojjechiisi. Dura, dhuunfaan haa hojjetan. Achii, deebii walitti haa himan. Ati keessa adeemuun hojjechaa jiraachuufi deebii

isaan waliiti himan caqasi. Ammamiifi maal maal akka hubatan, maal akka hinhubatiin adda baasi. Yeroon hojii gareef kenniteef akka raawwateen, deebii akka kutaatti himan taasisuun duub-deebii kenniif.

Faaruu Dabballee kan biroo naannoo isaaniitti beekan yookaan maatii gaafatanii akka kutaatti fidan taasisi. Faaruu sana irraa mararfannaafi jaalala Gdan Dabballeef qabu hubachuu daa'immanii gaaffilee hubannoo gaafachuun hordofii duub-deebii kenniif.

### **Deebii Gilgaala 1**

1. Saani dhaltee, aannan jalqaba elmamu.
2. Aannan.
3. Faaruu daa'imman faarsu kamuu ta'uu danda'a.

**Gilgaala 2:** Faaruu Dabballee naannootti beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti waliif faarsuu danda'uu daa'immanii hordofii qajeelchi. Waa'ee faaruu sanaa akka ibsan gaafadhu. Ofii kee sirriitti qoradhuu gaaffilee achi keessaa baasii hojjechiisuun duub-deebii kenniif.

## Boqonnaa 10: Aannan

### Wayitii: 9

Kaayyoo: Dhuma boqonnaa kanattii daa'imni;

- aannan jila adda addaa keessatti maal akka  
agarsiisu adda baafatti.

### **Gahee Barsiistuu/saa**

Jalqaba, gahee aannan Gadaa Oromoo keessatti qabu daa'imman hubachiisi.

Fakkii kitaaba barataarrraa jiru itti agarsiisuun waan fakkiirraa hubatan akka walitti himan qajeelchi.

Qabiyyee barreeffamaa mataduree "Aannan" jedhu jalatti barreeffame ibsiif. Keeyyata keeyyataan adda baasi. Qabiyyee keeyyata tokko dura ibsiif. Itti aansii kan keeyyata lamaa ibsiif. Sana booda aannan jaalala, eebba, tasgabbii, qabbana, obsa, nageenyaafi qulqullummaatti maaliif akka fakkeeffamu barattootaaf ibsi.

Dhumarratti, aannan jila keessatti maal akka agarsiisu maatii gaafatanii fiduun akka walitti himan taasisi. Deemsa kana faaraan hordofii waan sirrii ta'e jajjabeessi, dogoggora agarte ammoo sirreessi.

### **Deebii Gilgaalotaa**

#### **Gilgaala 1**

1. Araaramuufi nagaa buusuu ibsa.
2. Jaalala, eebba, tasgabbii, obsa, nageenyaafi qulqullummaa
3. Jila ittiin eebbisuuf, jila nagaafi milkii akka ta'u Waaqa  
kadhachuuuf

#### **Deebii Gilgaala 2**

Daa'imman naannoo isaanitti aannan jila keessatti waan agarsiisu kan beekan yookiin maatii gaafatanii walitti himu. Fakkeenyaaf, araara, milkii, fala, nageenya, qulqullummaafi kan kana fakkatan ta'uu danda'a. Yaadonni isaan maddisiisan dhammoota gilgaala 1 jalatti ka'aniin wal qabatu. Kanneen sirriitti caqasuun yoo dogoggorri jiraate irra deebi'ii hubachiisi.

## Boqonnaa 11: Faaruu Mukaa

Wayitii: 9

**Kaayyoo:** Dhuma boqonnaa kanaatti daa'imni;

- jaalala mukaaf qabdu ni'ibsatti.

### Gahee barsiistuu/saa

Jalqaba fakkii kitaaba barattaarra jiru itti agarsiisuun faaruu mukaa barr'eeffame irra deddeebiin shaakalsiisi. Faaruu kanarrraa waan hubatan akka walitti himan taasisi. Gilgaalas hojjechiisi. Dura dhuunfaan haa hojjetan. Achii deebii walitti haa himan. Yeroo kana atis dhaggeeffadhu, hordofi. Kanneen gargaarsa barbaadan, gargaari. Karaa irra buusi. Hinhojjetiiniif. Isaanumti haa hojjetan. Xumura irratti daree guutuu waliin hojjedhuu dogoggora hubatte qajeelchi; daa'imman dogoggoran karaatti deebisi. Xumurarratti, faaruu mukaa beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka faarsan qajeelchi. Faaruu sana irraa waan hubatan akka walitti himan taasisi; ati hordofuun fooyyessiif yookiin dogoggora caqaste qajeelchi.

## Deebii Gilgaalotaa

### Gilgaala 1

1. Faayidaalee mukkeenii keessaa gurguddoон: Ijaafi firii nyaatu, jila miidhagsu, gaaddisa ta'u, mana ittiin ijaarratu, Siinqeefi Horooroo irraa tolchuuf
2. Muka Wayyuu waan ta'eef, gaaddisa Oromoон jalatti mari'atu waan ta'eef.
3. Naannoo jiraatan irratti hundaa'anii mukkeen adda addaa tarreessuu danda'u. Naannoo sana jiraachuu isaanii ilaali sirreessiif.
4. Biqiltuu haaraa dhaabuun, muruu dhiisuun

### Gilgaala 2

Faaruu mukaa naannoo jiru yoo beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti waliif faarsuu danda'uu isaanii hordofii mirkanoeffadhu. Faayidaa mukaa hubachuufi mukkeen naannoo tokko tokko adda baafachuu isaanillee mirkanoeffadhu. Hanqina jiru duub-deebi'ii kenniif.

**SIMISTEERA LAMMAFFAA**

## Boqonnaa 12: Gamnummaa

Wayitii: 10

**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanatti daa'imni;

- faayidaa gamnummaa ni'ibsiti;
- haala gamnummaa itti rakkoo jalaa nama oolchu nidingisiifatti.

### Gahee barsiistuu/saa

Jalqaba Fakkii kitaaba barataarra jiru barattootatti agarsiisi. Itti aansuun oduu durii "Gamnummaa" barattootaaf dubbisi. Leenca, waraabessaafi sardiidaan maal maaliin akka beekaman gaafadhu. Yoo hinbeekne, ofittoofi abbaa humnaa ta'u, abbaa garaa ta'uufi gamna (tartiiba duraan) ta'u itti himi.

Qabiyyee oduu durii kitaaba barataa keessa jiru ibsiif. Waan irraa hubatan akka walitti himan godhi. Achii gilgaala hojjechiisi. Gilgaala dhuunfaan haa hojjetan. Isa dhuunfaan hojjetan deebii nama lama lamaan akka walitti himan taasisi. Yoo deebiin isaanii adda adda ta'e wal haa amansiisan. Kan irratti wal amansiisan, namni tokko keessaa ka'ee dareetti haa himu. Gareen hundi akkas haa godhu. Ati sana caqasii dogoggora jiru sirreessi; deebii sirrii itti himi.

Oduu durii biroo waa'ee gamnummaa ibsu yoo beekan akka walitti himan taasisi, yookiin maatii gaafatanii dareetti akka walitti himan taasisi. Oduu durii sana irraa faayidaa gamnummaa hubachuu daa'immanii gaaffilee hubannoo gaafachuun hordofii dogoggora jiru qajeelchi.

### Gilgaala 1

1. Sardiidaa
2. Rakkoo jalaa nama oolcha.
3. Gaaffiin kun muuxannoo daa'immanii irratti hundaa'a. Yoo daa'imni tokko muuxannoo himte, sun akkamiin akka gamnummaa agarsiisu dareef ibsi. Yoo dhibe muuxannoo gamnummaa kan dhugaan yookiin seeneffamaan beektu ofii itti himii ibsiif. Gaaffilees achi keessaa gaafadhuu hubachuu isaanii mirkaneeffadhu.

### Gilgaala 2

Daa'imni durdurii ofii beeku yookiin maatii gaafatee kan dareetti himtu caqasii akkamiin akka gamnummaa agarsiisu ibsiif. Gaaffilee adda addaa gaafachuun hubachuu isaanii mirkaneeffadhu. Yoo hinhubanne, keessa deebi'ii hubachiisi.

## Boqonnaa 13: Mamaaksa Abbaafi Haadhaa

### Wayitii: 9

Kaayyoowwan: Dhuma boqonnaa kanaatti daa'imni;

- kabaja abbaafi haadhaa mammaaksota dhiyaatan irraa addaan nibaafatti;
- mammaaksa kabaja Haadhaafi Abbaa ibsan nihimti; maatii gaafattee dareetti ni'ibsiti.

### **Gahee Barsiiftuu/saa**

Jalqaba daa'imman akka haadhaafi abbaa ofii kabajuu qaban gorsi. Kitaaba barataa keessatti, mammaaksa kabaja kana ibsan tarreeffamanii jiru. Isaaniifi ergaa isaanii daa'immaniif ibsuun eegali. Ibsaafi ergaa mammaaksaa daa'imman gaafadhu.

Erga waa'ee mammaaksa kitaaba keessatti barreeffamanii hubachiiftee, gilgaala hojjechiisi. Gilgaala 1 jalqaba qofa qofaa haa hojjetan. Achii deebii isaanii walitti haa himan. Yeroo kana keessa deemii yaada sirrii walitti himaa jiraachuu isaanii dhaggeeffadhu. Achumattillee deebii isaanii sirreessiif.

Kutaa guutuuf wajjiin yeroo deebii hojjettu yaada isaanii kana xiyyeefannoo keessa galchi.

Daa'imman mammaaksa waa'ee haadhaafi abbaa beekan ykn maatii gaafatanii fidanii akka dareetti himan, hiika isaaniillee ibsan godhi. Yoo ibsi isaanii ga'aa hintaane, mammaaksa sana barreeffachuun booda hiika isaanii sirriitti ibsiif; hubachuu isaanis mirkaneeffadhu.

Gilgaalli dhuma, daa'imman kutaa keessatti barachuu qofa osoo hintaane, haaluma barataniin haadhaafi abbaallee kabajanii jiraachuu akka qaban hubachiisi. Kanaafuu, xiyyeefannoo argachuu qaba. Daa'immanillee bu'uura Oromummaa isaanii adda baafachuun itti jiraachuu qabu. Safuu haadhaafi abbaa akka beekan taasisi.

### **Deebii Gilgaala 1**

1. Abbaafi haadhaa kabajuufi safeeffachuun akka barbaachisu
2. Abbaafi haati guddina daa'immanii keessatti gahee guddaa waan qabaniif kan kabajaman ta'uu isaanii
3. Haati deessee daa'ima kununsitee waan guddistuuf kabajuun barbaachisaadha.
4. Haati dhabduu hinqabdu yookiin waan ilmoof kennitu hindhabdu jechuudha.

**Deebii Gilgaala 2:** Mammaaksa waa'e kabaja haadhaafi abbaa kamuu ta'uu danda'a.

## Boqonnaa 14: Buna Qalaa

### Wayitii: 10

**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaatti daa'imni;

- maalummaa buna qalaa adda baafatti;
- buna qalaan maal akka agarsiisu ni'ibsiti.

### **Gahee barsiistuu/saa**

Jalqaba fakkii daa'immanitti agarsiisi. Fakkii sanas ibsiif

Itti aansuun qabiyyee barreeffamichaa keeyyata keeyyataan adda baasii daa'immaniif addeessi. Maalummaa buna qalaa, eenyu akka buna ciru, eenyu akka buna qaluufi buna qalaan maaliif akka qophaa'u daa'imman hubachiisi.

Barreeffama waa'e buna qalaa dhiyaate erga ibsiteefii booda, maal akka hubatan keeyyata keeyyataan adda baasii gaafadhu. Jalqaba dhuunfaan akka deebisan taasisi. Achii deebii akka walitti himan godhi. Atis yeroo walitti himan dhaggeeffadhuu dhuma irratti dogoggora hubatte adda baasii sirreessi.

Achii gilgaalota hojjechiisi. Dhuunfaan haa hojjetan; deebii walitti haa himan. Atis hojii isaanii hordofii dogoggora adda baaste qajeelchaa deemi.

Xumura irratti, waa'ee buna qalaa waan beekan akka walitti himan, kan hinbeekne maatii gaafatanii dareetti akka walitti himan taasisi. Sana irraa maalummaa buna qalaafi buna qalaa maaliif akka qophaa'u adda baafachuun daa'immanii gaaffilee gaafachuun dogoggora hubatte fooyyessiif.

### **Deebii Gilgaalotaa**

#### **Gilgaala 1**

1. Yeroo cidha, da'umsa, gumaata, gondooroo, qachaa utaaluu, milkii ilaallachu, rooba kadhachuufi jiloota biroo ta'uu danda'a.
2. Nagaafi hormaata
3. Nagaa, araara, milkii, gammachu, hormaata, aara-galfii, eebaafi sadoo argachuuf

#### **Deebii Gilgaala 2**

Nyaata aadaa naannoo sanatti argamu kamuu ta'uu danda'a.

## Boqonnaa 15: Eebba Abbaafi Haadhaa

Wayitii: 10

**Kaayyoo:** Dhuma boqonnaa kanaatti daa'imni;  
eebbi gaarii akka ta'e hubachuudhaan fedhii eebbifamuu  
nihoratti.

### Gahee barsiistuu/saa

Jalqaba eebbi maal akka ta'e, maatiin daa'imman isaaniif ajajamaniifi kan  
isaaniif qajeelan akka eebbis an daa'imman hubachiisi. Ittaansuun eeba  
kitaaba daa'immanii irraa jiru buufataa buufataan daa'immaniif dhiyeessi.

kan biroon, abbaafi haati maaliif akka ilmaan isaanii eebbis an daa'imman  
gaafadhu. Gaaffilee kanneen irraa beekumsaafi hubannoo daa'imman waa'ee  
eebbaa jirenya keessaa horatan adda baafadhu. Yoo duraan hinbeekan ta'e,  
maatii gaafatanii akka ibsan taasisi.

Xumurarratti, gilgala hojjechiisi. Akkuma yeroo biraa, dhuunfaan haa  
hojjetan. Deebii walitti haa himan. Daree guutuu waliin hojjedhuu hubachuu  
daa'immanii caqasi. Dhimma eebbaa maatiifi hawaasa irraa akka caalaa  
barachuufi hubachuu danda'an taasisi. Hubannoo isaaniis waan isaan ibsan  
irraa adda baasii fooyyessi.

## Deebii Gilgaalaa

### Gilgaala 1

1. Daa'imman umrii dheeraa akka jiraatan, nama horiin akka horan, akka dambooban, cimoofi beekamoo akka ta'an, saba biratti jaallatamoo akka ta'an xiyyeffata.
2. Gochaalee ijoollee isaanitti yeroo gammachuu qabaatan eebbisu. Eebbi isaanii kunis umrii akka dheeratan, milkaa'aniifi horanii dagaagan waan barbaadaniif
3. Umrii dheeraa jiraatti, nihorti, nidagaagdi, cimtuufi beekamtuu taati.

### Gilgaala 2

1. Eeyyee yookiin Lakkii, yoo eebbfamtee beekti ta'e eeba sana yaadachuu isheefi hiika eeba sanaa yoo ibsite sirriidha.
2. Daa'immna waan maatiin isaanii jedhanii eebbisan himu. Maal hojjetanii akka eebbfaman daa'imman daree isaaniitti yoo himan sirriidha.
3. Daa'imman eeba sanarraa waan hubatan kamuu deebisuu danda'u. Barsiiftuu/saa deebii daa'immanii madaaluun yaada sirrii jajjabeessii, dogoggora isaanii sirreessi.

## Boqonnaa 16: Ollummaa

### Wayitii: 9

Kaayyoowwan: Dhuma boqonnaa kanatti daa'imni;

- maalummaa Ollaa adda nibaafatti;
- faayidaa waliin jirenya ollaa nihimti.

### **Gahee Barsiistuu/saa**

Jalqaba akkaataa Oromoon jirenya ollummaa itti hubatu adda baasii ibsii daa'imman hubachiisi. Fakkii ollaa agarsiisuun waan irraa hubatan akka walitti himan taasisi. Waan walitti himan hordofuun qajeelchi. Itti aansuun, maalummaafi faayidaa ollaa waliin jiraachuu daa'immaniif ibsi. Faayidaa ollaa gaariifi miidhaa ollaa badaa daa'iimman hubachiisi.

Xumurarratti, gaaffilee gilgaalaa dhuunfaan hojjechiisi. Erga dhuunfaan hojjetanii raawwataniii deebii walitti haa himan. Yoo dogoggoran sirreessii hubachiisi. Achii naannoo isaaniitti akkataa waliin jirenya ollaa akka walitti himan godhi. Waan isaan walitti himan hordofii qajeelchi.

## Deebii Gilgaalaa

### Gilgaala 1

1. Waliif birmachuu, walgargaaruu, dursanii waliif qaqqabuu, rakkoo fi bal'oo irratti waliin dhaabbachuu.
2. Guyyaa rakkoo fira fagoo jirurra; ollaan dafee waan namaaf birmatuuf
3. Dhugaa
4. Soba

### Gilgaala 2

Daa'imman akkaataa maatiin isaanii ollaa waliin walgargaaran yookiin walbira dhaabbatan kamuu yoo ibsan deebii ta'uu danda'a.

## Boqonnaa 17: Namicha Galfata Nyaate

Wayitii: 10

**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaatti daa'imni;

- barbaachisummaa amanamummaa nibaratti;
- miidhaa galfata nyaachuun fidu nihubatti.

### Gahee Barsiistuu/saa

Jalqaba Oduu durii Waa'ee galfata nyaachuu barattootaaf dubbisuufi daa'imman waan hubatan akka walitti himan taasisi. Sana booda ilaalcha Oromoont galfataaf qabu, barbaachisummaa amanamummaafi miidhaa galfata nyaachuun fidu durdurii kana fakkeenya godhachuun ibsi.

Itti aansuun, gilgaalota dhiyaatan hojjachiisuun duubdeebii kenni. Dhuma irratti Oduu durii kana fakakaatu maatii gaafatanii akka dareetti himan taasisi.

### Deebii Gilgaalaa

#### Gilgaala 1

1. Galfanni banamee waan hin ilaalamneef
2. Loon galfataa waan dhokseef

## Gilgaala 2

1. Adurreen namichaa bofa namoota rakkise nyaattee waan fixxeef.
2. Bofatu garaa isaa guute

## Gilgaala 3

Daa'imman durdurii waa'ee galfata nyaachuu naannoo isaaniitti beekan yookiin maatii gaafatanii walitti himu. Barsiiftuu/saa daa'iimman ergaa durdurii naannoo isaanii walitti himanii ergaa isaa hubachiisi.

## Boqonnaa 18: Siinqee

### Wayitii: 9

**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaatti daa'imni;

- maalummaa siinqee nibaratti;
- fakkoommii siinqueen Gadaa keessatti qabdu adda nibaafatti.

### **Gahee Barsiistuu/saa**

Jalqaba, suuraa siinqee daa'imatti agarsiisi. Itti aansuun maalummaa siinqeefi eenyuun eenyuuf akka kennantu daa'immaniif ibsi. Akkasumas, yeroo mirgi dubartii tokkoo sarbamu, yoo abbaan manaa hacuuce, dubartooni ganda sanaa siinqee qabatanii bahuun mirga isaanii akka kabachiifatan hubachiisi.

Kana malees, siinqueen kabajaafi safuu qabaachuu ishee daa'immaniif ibsi. Xumura irratti siinqueen nagaafi araara buusuu keessatti gumaacha guddaa akka qabdu hubachiisi. Siinqueen dhadhaabbataaf ykn ulee akka hintaane hubachiisi. Daa'imman siinqueen kanneen jajjabeessuufi cimsuuf akka ta'e sirriitti adda akka baafatan godhi. Barreeffama waa'ee siinqee dubbisani akka hubatan, kan hubatanis akka walitti himan godhi. Itti aansuun gilgaala hojjechiisi. Of danda'anii dhuunfaan akka hojjetan itti himuun, irra adeemii

caqasi. Kanneen hin hubatin yaada isaan hin hubanne adda baasii akka hubatan gargaari.

Waa'ee siinkee kan beekan akka walitti himan godhi, akkasumas maatii gaafatanii dareetti akka walitti himan taasisi. Siinqueen maal akka ta'e, maala akka bakka bu'u, safuufi kabajaa akkamii akka qabu adda baafatanii hubachuu daa'immanii gaaffilee adda addaa gaafachuun adda baasi. Iddoo hanqina itti hubattetti irra deebiin hojjechiisi.

### **Deebii gilgaalaa**

#### **Gilgaala 1**

1. Dhugaa
2. Dhugaa
3. soba

#### **Gilgaala 2**

1. C
2. C

#### **Gilgaala 3.**

1. Kabajaafi haadha warrummaati
2. Harooreessafi mukeen biroos ta'uu danda'a
3. Gaafa heerumtee

4. Waaqa araarfatu, Lola dhaabu, duula lolaaf ka'e eebbisuun geggeessuu, deeggarsa argachuu, Aseennaa dhaquu, cubbuu baasuufi kan kana fakkaatan

#### **Gilgaala 4**

Daa'imman Siinqueen maaliif akka qabatantu maatii gaafatanii daree keessatti walitti akka himan taasisuun hordofii duub-deebii kenni.

## Boqonnaa 19: Horooroo

### Wayitii: 9

**Kaayyoowwan:** Xumura boqonnaa kanaatti daa'imni;

- maalummaa hororoo nibaratti;
- Hororoon sirna Gadaa keessatti maal akka agarsiisu ni'ibsu.

### **Gahee Barsiistuu/saa**

Jalqaba fakkii hororoo daa'immanitti agarsiisi. Maal akka ta'e gaafadhu. Boca isaa akka adda baafatan taasisi. Waa'ee Hororoo daa'immaniif ibsi, qabiyyee barreffama kitaaba barataa irraa hubachiisi. Harooroon abbaan warraa akka qabatu, guyyaa ilmi fuudhi abbaan ilma isaaf akka kenu hubachiisi. Akkataa hororoon itti tolfamu, mallattoofi kabaja Gadaa ta'uun akka adda baafatan taasisi.

Erga ibsa dhaggeeffatani booda barreffama waa'ee hororoo kitaaba daa'immanii irra jiru dubbisuun maal akka irraa hubatan akka walitti himan taasisi. Yaadota walitti himan irraa dogoggora yoo hubatte yookiin dhageesse sirreessi. Sanatti aansuun gilgaalota hojjechiisi. Dhuunfaan hojjetanii akka

deebii walitti himan qajeelchi. Dogoggora dhageesse ykn hubatte sirriitti akka adda baafatan gargaari.

### **Deebii Gilgaala**

#### **Gilgaala 1.**

1. Bakka hedduutti muka harooreessa jedhamurraa hojjetama, garuu bakka mukti kun hinjirretti mukeen birooraa tolfamuu danda'a
2. Abbaa warrummaati/ kabaja
3. Nama fuudhetu qabata
4. Guyyaa jilaa, cidhaa, araaraa, dhibaayyuu kan kana fakkatan

#### **Gilgaala 2**

1. Dhugaa
2. Dhugaa

#### **Gilgaala 3**

1. C
2. D

#### **Gilgaala 4**

Horooro maaliif akka qabatan maatii gaafatanii daree keessatti akka walitti himan taasisuun hordofii duub-deebii kenni.